# Ibiddi fedhiiwwaniin haguugamte, jannanni immoo waan jibbamaan haguugamte

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Ibiddi fedhiiwwaniin haguugamte, jannanni immoo waan jibbamaan haguugamte".

[sirrii] [Bukhaariitu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ibiddi haraama hojjachuu irraa yookaan dirqama keessatti hirdhisuu irraa wantoota lubbuun feetuun haguugamtee marfamtee akka jirtu ifa galchan. Namni sana keessatti lubbuu isaa fedhii isii hordofsiise ibidda haqa godhate. Jannanni wantoota lubbuun jibbituun haguugamtee marfamtee jirti, sun akka wantootii itti ajajaman irratti ragga'uu, wantootii haraama ta'an dhisuu fi isa irratti obsuudhaati, yoo isii weeraree sana irratti lubbuu ofiitti qabsaa'e jannata seenuu haqa godhate.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee